# Oromoon qabsoo hanaga ammatti gaggeesseetiin ol, Qabsoo ijibbaataafi kan maayii tokko yoo tarkaanfachiise wareegama hanga ammaatti baasaa ture firii itti gochuun bilisummaa isaa nigoonfata!!

Warraaqsi/siyaasaan ni dhalata, ni guddata, nidullooma nidu'a kan jedhamu mirkaneeffachuuf, dhalachuu Qeerroo Bilisummaa Oromoofi du'a EPRDF/TPLF wayyaanee hubachuun gahaadha.

Siyaasaan EPRDF har'a dulloomuu bira taree du'ee tortoreera. Ammaa booda akkaataa deebi'ee ka'uu hindandeenyetti dhumateefii jira. Amma iddee hundatti sabni hundi wayyaanee xireeffateera.

Qabsoon Oromoos ta'e kan saboota biraa ammaa booda ta'ullee waa'ee awwaalcha reeffa EPRDF/TPLF isa tortoree ajaawe kanaati.

Awwaalchi TPLF kun ammoo fuula sadii qaba. Isaan kana keessaa inni sadarkaa duraa akka gaariitti raawwatameera. Amma sadarkaa lamatu hafa.

"Ofiifuu duuti maaf of huuti?!..." akkuma jedhamu, duraan dursa TPLF kan wadaroo morma isheetti of keesse gaafa federaalizimii diigdee master pilaanii dirqamaan gaggeessuuf yaalte ture. Kun du'a ishee yemmuu ta'u. Qabeenyaan TPLF Oromiyaa keessa kallattii kamiinuu akka hinsossoone ta'e. Yeroo har'aa sanyiin TPLF Oromiyaa keessa socho'ee dalagatuu danda'u hinjiru. Kun ofdurallee kan yaadamu miti. Kanaaf Awwaalchi TPLF inni jalqabaa as irraa eegale.

Amma yeroo har'aa TPLF fi sanyiin isaanii kan dalagachuu danda'an Finfinneefi naannawa biraa keessatti qofaadha. Naannawa biraa yeroo jennu tigraayiin dabalatee jechuudha.

Kanaafuu awwaalchi lammataa TPLF **kan Finfinnee keessaafi** awwaalchi TPLF isa sadaffaa **kan naannawa biro/Tigraayiin dabalatee** raawwachuun qabsoo yeroon amma nugaafattedha.

Awwaalcha kana raawwachuuf ammoo guduunfaa humna TPLF hiikuun barbaachisaadha. Kunis amma awwaalcha TPLF kan Oromiyaa keessatti raawwate qotanii baasuuf ykn ekeraa dubbisuuf Janaraalli TPLF Saamooraan hoomaa waraana isaa zoonii 8 itti qoodee Oromiyaa irratti bobbaasee jira.

Egaa qabsoon Oromoofi Oromiyaa eeggatu kan Master Plan caalu isa kanadha.Egereen Oromoofi Oromiyaa akkasumas mataa keenya gubbaa bubbuluun TPLF umriinsaa kan murtaawu qasoo ijibbaataafi isa xumuraa nuti humna waraanaa kana of keessaa baasuuf goonu irratti murtaa'a.

Oromoon yeroo daangaan lafa keenya uumaan waaqarraa arganne; gootummaan akaakoo abaaboo keenyaan, akkasumas haawwaniifi abbootiin keenya kumaa kitilaan lubbuun irratti ba'ee, obbolaa keenyaan galfatni itti fufee tikfamee hanga tokko kabajame, Master plan jechuun wayta hadhuura Oromiyaa godina addaa naannawa Finfinnee irraa Oromoo lafarraa haxaawuuf karoorfatanitti tokkummaan ka'ee fashalsiiseera.

Amma immoo yakka sana caaluun tariis gumaa ba'uuf Bulchiinsa Oromiyaa fakkeessuuf maqaa OPDO tiin ture sanayyuu diiguun bulchiinsa humna waraanaa jala yeroo isaan nugalchan akkamitti tole jennee bitamnaree?

Afaaniin master planii godina addaa Finfinnee ofjala galchuuf turre dhiifne jechaa bulchiinsa Oromiyaa sakkaba ture san illee bira tarkaanfachuun guutuu Oromiyaa humna waraanaa jala galchaniiru.

Haa ta'u malee kunis Oromoo qabsoo daraniif kakaasa malee akka isaan yaadanitti ajjeesuun sodaachisuufi doorsisuun FXG gufachiisuun galiisaa hanqisuun gonkumaa kana danda'amu miti.

Awwaalchi TPLF inni sadarkaa 2ffaafi 3ffaan kun, akka awwaalcha isa sad.1ffaa kana gonkumaa kan yeroo gaafatu otoo hintaane, daddaffiin kan xumuramu ta'uun beekamuu qaba.

Kunis waraana amma Oromiyaa keessatti zoonii 8'n bobba'ee jiru kana diiguufii diiguu dhabuu irratti kan bu'urfame ta'a.

Oromoon akkuma Master plan wayyaanee fashalsiisetti waraana irratti bobba'e kana qaanessee ofirraa deebisuu dandeenyaan alaabaa Walabummaafi Bilisummaa isaa ibsu qabatee Finfinnee gubbaatti dhiichise jechuudha.

Uummanni Oromoo injifannoolee hanga ammaatti galmeesse caalaa qabsoo isaa sadarkaa tokko ol dabaluun ijibbaannaan bilisummaa isaa baroota dheeraaf gatii itti baasaa as ga'e harkatti galfachuu isaati.

Akkuma olitti ibsuuf yaalametti, FDG gara FXG itti ol guddatee dardare kun Galiin isaa Walbummaa Oromiyaafi Bilisummaa Oromoo ta'uun walnama hin gaafachiisu. Adeemsa qabsoo kana keessatti mormiin master plan wayyaaneen hidda gabrummaa gad fageessuuf tolfatte gatachiisuun dirqama ture. Karoorri kun ammoo sochii Qeerroofi Oromoo biyya keessaafi alaa maraan harkaa dhahamee fashaluu qofaa otoo hintaane du'a wayyaanee silaayis hin oolamne san daran dachaa dachaan shaffisiisaa jira.

Gamoon taayitaa wayyaaneen qolee keenya gubbaatti ijaarteettu akka waan kirkira lafaan rukutameetti diigamaa jira. Har'a afaan diinota Oromoo adda adda ta'eera. Garaan hunda isaanii wal shakkiin guutameera. Gaaddiduu ufiitiillee amanuu dadhabaniiru.

Ilmaan aangawoota TPLF fi sooressoota Tigiree tokkollee biyya keessa hin jiran. Cufa alatti ergataniiru. Kunis barnoota fooyyee qabu barbaacha qofaa otoo hintaane guyyaa boruu irraa amantaa dhabuu isaanii irraa kan ka'edha. Walumaa galatti waggoota muraasa aangoorra turan kanaan qabeenyaa gurguddaa saammatanii tuullatan walakkaan baafateera, kaanis baafataa jira, kaanis garaa hiree Fuula jalqabaa awwaalcha TPLF Oromiyaa keessatti raawwate ilaalee taajjabaan of qeeqaa jira.

Wayyaaneen akkumaan olitti ibsuuf yaaletti akka kufuuf deemtu tolchitee nibeekti. Duras ta''u akeekni wayyaanee Itoophiaa jiraachisuu otoo hintaane dinagdee saammachuu qofadha. Kan manaa bahaniifis Itoophiyaa jiraachisuuf miti. Garuu carraa argametti dhimma bahuun qabeenyaa walitti qabachuudha. Hammi gamna ta'e yeroon galuun nagada caala jedhee fiigee bakkarraa dhufetti galaa jira. Warri quufa dhabemmoo ammas hundaawuu waliin dhabuuf akka jiru dirqamaan Qeerrootu dammaqsee itti himaa jira. Garuu TPLF duuti ishee maayyi Yeroo isaa amma ta'uus hubatteetti.

Tarkaanfii isheen ammaantana Oromiyaa keessatti gochaa jirtu kun abdii kutannaa irraa kan madde, tarkaanfii balleessanii baduuti.

Erga unuuf hintaanee biyyittii walnyaachifnee baana yaada jedhu waan qaban fakkaatu.

Uummata beelessuun hongeessuu akka meeshaa waraanaatti itti fayyadamtee humna uummata keenyaa laaffisaa turte. Kana malees dinagdeen laamshessuu ibsafi net workii irraa kutuun dinagdee laaffisuufi kkf qabattee sochootee bu'aa barbaaddu kan dhabde wayyaaneen ammammoo Humna waraanaa bobbaasuun biyyattii bulchiinsa waraanaa jala galchuuf sochii ishee itti fufteetti kun zamana kana akka ishee hin baafnes ni beekti garuu tarsiimoon kun tarsiimoo balleessanii baduu wayyaaneen filatte malee kan biraa miti.

Sababiin hiyyummaa ardii Afriikaa inni guddaan ardittiin moototii akka wayyaanee kanaan bulchiinsa humna waraanaa/military rule/  jala galuu isheeti.

Wayyaaneen qaanii tokko malee holola haa afuuftu malee, IMF barana ji'a lama dura addunyaa kana irratti biyyoota hiyyeeyyii kudha lama tartiibaan kaaye keessaa biyya 8ffaa ta'uu ishee saaxileera. Haala kanaan biyyooonni Ethiopia tii gad jiran afur qofa jechuudha.

Sababni isaas biyya mirgootni dhala namaa bal'aan keessatti ukkaamamee bulufi hayyoota isheetiin otoo hintaane military rule tiin buluu akka tahe beekamuu qaba.

**Egaa qabsoon Oromoofi Oromiyaa eeggatu kan Master Plan caalu isa kanadha. Egereen Oromoofi Oromiyaa akkasumas mataa keenya gubbaa bubbuluun TPLF umriinsaa kan murtaawu qasoo ijibbaataafi isa xumuraa nuti humna waraanaa kana of keessaa baasuuf goonu irratti murtaa'a.**

**Kanaafuu, Uummanni Oromoo injifannoolee hanga ammaatti galmeesse caalaa qabsoo isaa sadarkaa tokko ol dabaluun**

**ijibbaannaan bilisummaa isaa baroota dheeraaf gatii itti baasaa as ga'e harkatti galfachuu isaati!!**

**(Hariiroo Jorgootiin-Qeerroo Bilisummaa Oromoo-Oromiyaa!!)**